# Ergaa Phawuloos
# Gara Filemoonii Erge

## Seensa

Filemoon kiristaana beekkama'a; inni miseensa wolde'a kiristaana Qolosaayisii akka te'etti yaadatama. Filemoon garbicha Oneesimoos jedhamu qabaayyu; garbichi isaa kun goottaa ifii jalaa yennaa miliqee bade Phawuloos mana hidha'aa jiruun wolde'e. Karaa Phawuloosiitiin Oneesimoos dhugeeffannaa kiristaanaa fudhate. Ergaan Phawuloos gara Filemoonii barreesse, akka inni garbicha gara isaa deebi'ee dhufiisatti jiru woliin araaramu ta yaadachiittu. Itti dabaleelle Oneesimoos amma kiristaana waan te'eef, haganaa achi akka obboleessa kiristaanaatitti akka fudhatu malee, akka garbichaatitti akka hin fudhanne hima.

**Haadhoo Dubbi'ii**


Seensa *1-3*
Galata Phawuloos Filemoona'aaf galche *4-7*
Gaaffii Phawuloos marroo Oneesimoosiitiif Gaafate *8-22*
Yaada buufataa *23-25*


1 Ana Phawuloosii marroo Kiristoos Yesuusiitiif hidhameeruu fi obboleessa keenna Ximootewoos irraa,
Filemoonii jaalatamaa nu woliin hujuuf,
2 obboleettii teenna Aaphifiiya'aaf, Arkiphosii nu woliin lolticha te'eeruu fi wolde'a kiristaanaa ka mana keeti keessatti wolitti qabamuuf:

**1:2** Qol. 4:17

3 Abbaa keenna Waaqaa fi Goottaa Yesuus Kiris-
toos biraa badhaadhii fi nageenni isiniif te'u!

### *Jaalalaa Fi Dhugeeffannaa Filemoonii*

4 Daadimata kiyya keessatti yennaa si
qaabadhu, yennaa mara Waaqa galateeffadha.
5 Sababille dhugeeffannaa ati Goottaa Yesu-
usitti qadduu fi jaalala ati kolbaa Waaqaa maraaf
qaddu dhage'eera.
6 Hubantii guutuu waan dansa'aa ka nu Kiris-
toosiin qannuu maraa akka qabaattuuf, dhuge-
effannaa teeti worra dhibi'iif qoodiisatti akka
jabaattu hin daadimadha.
7 Obboleessa kiyya, gadhaa kolbaa Waaqaa
waan jajjabeessiteef jaalala keeti irraa ani gam-
madaa fi jajjabeenna guddaa dhaggadheera.

### *Gaaffii Phawuloos Oneesimoosiif Gaafate*

8 Waan godhu'uu malte akka gootuuf, si ajaji-
isaaf karaa Kiristoosiitiin ifi-addii qaba;
9 te'uu malee jaalalaan si gaafadha. Ani Phawu-
loosiin jaarsi, amma ammoo Yesuus Kiristoosiif
jedhee ka hidhameeru,
10 marroo ilma kiyya Oneesimoosii, ka ani
adoo mana hidha'aa jiruu akka Kiristoos fudhatu
tolcheetiif si gaafadha.
11 Dur inni nama si'iif woy bawuu moti, amma
ammoo anaa fi si'iifille woy hin baya.
12 Isa deebisee gara keeti ergeera; ani waan isaa
jaaladhuuf gadhaan kiyyalle isa faana dhufeera.
13 Marroo Oduu Gammadaatiif, yennaa ani
mana hidha'aa jiru, addee teeti akka inni na qar-
qaaruuf, na woliin as akka turuuf fedheeraayyu.

14 Te'uu malee hujiin dansaan ati hujju maraa
jaalala gadhaa keetiitiin malee, hunnaan akka hin
teeneef, si'iin hin mari'atin* womaa godhiisaaf
hin barbaanne.
15 Oneesimoos yennaa gabaaddu'uuf si irraa
gargar bayee wonni tureef, yennaa mara si woliin
akka jiraatuuf deebittee akka isa fudhattuuf fa'a
te'a.
16 Haganaa achi, inni obboleessa jaalatamaa
garbicha caaluu malee, akka garbichaati moti.
Inni naaf jaalatama'a, si'iif ammoo namumma'aa
fi Gootta'aan, irra caalaa jaalatama'a.
17 Maarre waa'ela† keeti te'uu kiyya yoo fud-
hattu teete, akkuma na fudhattu isalle fudhadhu.
18 Yoo inni si yakkee jiraate, yookiin si irraa wo
liqeeffatee jiraate natti laakkow!
19 Ani Phawuloos, «Si'iif deebisee hin kaffala»
jedhee harkuma kiyyaan tana barreessa; atuu
Kiristoosiin liqaa kiyya te'uu keeti sitti himuu na
hin barbaachisu.
20 Obboleessa kiyya, maqaa Gootta'aatiin waan
kana naaf godhi! Kiristoosiin gadhaa na jaj-
jabeessi.
21 Ajajama keeti addadhee, waan ani si
gaafadhu caalchitte akka ati gootu beekiisaan
tana si'iif barreessa.
22 Wonni dhibiin: Waaqi waan isin daadimat-
tane maraaf deebii kennee, gara keessan deebi'ee
akka dhufu waan addadhuuf, addee itti foorfadhu
naaf qopheessa'a.

*Nageya Dhaamiisa*

---

* **1:14** *Si'iin hin mari'atin:* Adoo ati hin jaalatin, yookiin hin fedhin

† **1:17** *Waa'ela:* Lansa

23 Ephafraas, ka maqaa Kiristoos Yesuusiitiif jedhee na woliin hidhamee jiru nageya si'iif dhaama.
24 Akkasuma worri na woliin hujanu Maarqoos, Arisxaarkos, Deemaasii fi Luqaas nageya si'iif dhaaman.
25 Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii isin woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

You include the above copyright and source information.

If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.

If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e